

سُورَةُ لُقْمَانَ
Suuraa Luqmaan

*Dura dursoo suuran tun suuraa {luqmaan} je'amti .

*Isiin suuraa makkaati, aayata 27,28,29, malee isiin 13 madiinittii .

*Aayaanni isi'ii {34} soddomii afuri

*Lakkooyi isi'ii {31} .

*Isiin eega suuraa {ankabuutii} buute.

* Jalqabni dubbi'ii maqaa rabbii rahgmata qabuutii .

1} * {Alif laam miim} jecha kana rabbu-maatu waan itti fedhe beeka.

* Aayaanni tun,

* Aayaata qur'aanati,

2} *Qur'aana hgikmaa qabu , kan dubbiin isaa qajeeltu'uu.

*Inni kan qajjeello qabu,

*Kan rahgmata qabu,

3} *Warra islaama isaanii to Ifateef .

*Isaan warra salaata guutee salaatu,

*Isaan warra zaka'a baafatu,

4} *Isaan warra aakhiraa dhugo'oomsu, warra qabri'ii kaafamneeti rabbii keenya agarraa yaadu .

*Isaan qajeelloo rabbirraa isaanii dhufterra jiran,

5} *Isaan warm waan isaanii qopheeffame argatee milkaaye. isaan warrajannataati.

قبل كل شئ هذه هي سورة لقمان

وهي مكية الا الآية ٢٧ - ٢٨ - ٢٩ فهي مدنية

وأياتها اربع وثلاثون (٣٤)

وعدها احدى وثلاثون (٣١)

نزلت بعد سورة العنكبوت

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

الْم

تِلْكَ

ءَايَاتُ الْكِتَابِ

الْحَكِيمِ

هُدًى

وَرَحْمَةً

لِلْمُحْسِنِينَ

الَّذِينَ يُقِيمُونَ الصَّلَاةَ

وَيُؤْتُونَ الزَّكَاةَ

وَهُمْ بِالْآخِرَةِ هُمْ يُوقِنُونَ

أُولَئِكَ عَلَى هُدًى مِّن رَّبِّهِمْ

وَأُولَئِكَ هُمُ الْمُفْلِحُونَ

*Ilmaan namarraa nama bitatuu jira.

وَمِنَ النَّاسِ مَن يَشْتَرِي

*Oduu, yookaa dubbii, waan isa fayyadurraa isa dhoowwitu takkaa kitaaba oduu nama kitaaba kufalchiiftu qabu bitata takkaa kitaaba aqiidan hamtuun keessa jirtu bitata

لَهُوَ الْحَدِيثُ

*Kitaaba yookaa dubbii bitate saniin, karaa islaamarraa jallatee namallee jallisu'uuf,

لِيُضِلَّ عَنْ سَبِيلِ اللَّهِ

*Isaa qalbiin isaa beekkomsa hin qabne,

بِعَيْرِ عِلْمٍ

waan san bitate odoo arrabni isaa waa beekhelle'ee, takkaa makgnaan isaa daliilan male'etti, yookaa ragaadhan male'etti, waan bitate saniin nama jallisa, yookaa jallata.

*Namicha sun aayata rabbii yookaa karaa isaa ni godhate, takkaa ni qabata ,

وَيَتَّخِذَهَا

*Tapha, yookaa waan taphataniin godhata,

هَزْوًا

6} * lara saniif azaaba isaan xiqqeessitu jira

أُولَئِكَ لَهُمْ عَذَابٌ مُّهِينٌ ﴿٦﴾

*Namichi odoo, takkaa kitaaba faaydaan qabne bitee jallatee nama jallisu sun, hoggaa qur'aanni irratti qara'arne,

وَإِذَا نَتَلَىٰ عَلَيْهِ ءَايَاتُنَا

*If guddiseeti, irraa gara gala gurrattin qicatuu,

وَأَنَّ مُسْتَكْبِرًا

* Akkuma waan hin dhagayinitti ,

كَأَن لَّمْ يَسْمَعْهَا

*Akkuma waan gurra isaa keessa duudu mman jirtuu

كَأَن فِي آذَانِهِ وَقْرًا

7} *Namicha san ,azaaba isa laalessuun

فَنَشِرُهُ بِعَذَابٍ أَلِيمٍ ﴿٧﴾

gammachiisi yookaa azaaba isa laalessuutu isaafjiraa beeysisi. Namicha aayanni tun laaltu, namicha {nadrii ilma haaris} je'amuufii ,nama akka isaa hunda ,nadriin kun kuffaara makkarraayi, makkaafii shaam jidduu naggadaa kitaaba odu duraa qabu, kan warri shaam kuffaarri barreesse, bibbiteeti kuffaara makkarratti bakka wal gayanitti qara'ee, kofalchiisa namni kun, wanni kuffaara makkaatin je'u, kan islaamatti seenu'urraa dhoowwun, Muhammad oduu warra dur isinii odeessaa, an oduu nama kofalchiiftu tan rumifii faarisin isinii odeesse, je'aan. duuba sheyxaanni itti mi'eyseti qur'aana dhaggeeffatuu dhiisan {Iahwi} jechuun: waan ibaadaa rabbirraa nama dhoowwu, kan zikrii rabbii

heddommeysuu nama dhoowwu, kan akka dubbii nama kofalchiiftuu kan akka masinqo'oo ,

*Warri amane waan gaarii dalage,

إِنَّ الَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

8} *Jannata qanani'ii kan lagootin masno'-oofii manneen isaa jala alii gad yayaatu qaban.

لَهُمْ جَنَّاتُ الْعِجِيمِ ﴿٨﴾

*Kan zalaalamii keessa taa'anii qanani'an ,

خَالِدِينَ فِيهَا

*Sun waan rabbiin haqaan baallama se-enefi,

وَعَدَّ اللَّهُ حَقًّا

*Rabbiin kan waa hunda injifatuu, wanni baallamaa seene guutu'urraa isa dhoowwu hin jiru,

وَهُوَ الْعَزِيزُ

9} *Rabbiin kan waan malu malee, hin dalayne,kan waa hunda bakka isi'iin maaltu kaayu .

الْحَكِيمِ ﴿٩﴾

*Rabbiin samii torban uumee jira,

خَلَقَ السَّمَوَاتِ

*Utuba'aan male'etti, laaltaniiti gartanii,

بِغَيْرِ عَمَدٍ تَرْوَاهَا

*Rabbiin dachii keessatti darbee jira yookaa dhaabee jira,

وَالْقَى فِي الْأَرْضِ

*Gaarotii gurguddoo dhedheertuu,

رُوسِيَ

*Akka dachiin isiniin hin sossoonef,

أَنْ تَعْمِدَ بِكُمْ

*Dachii keessa facaasee jira

وَبَثَّ فِيهَا

*Waan lafarra yaa'u mara heddommeysee,

مِنْ كُلِّ دَابَّةٍ

*Sami'irraa rooba yookaa bishaan buufnee jirra,

وَأَنْزَلْنَا مِنَ السَّمَاءِ مَاءً

*Duuba bishaan saniin dachi'irratti magarsinee jirra ,

فَأَنْبَتْنَا فِيهَا

*Gosa waan mayruu hunda,

مِنْ كُلِّ زَوْجٍ

10} *Babbareedaa cufa .

كَرِيمٍ ﴿١٠﴾

*Waan dubbanne kun waan rabbiin uumee,

هَذَا خَلْقُ اللَّهِ

*Na garsiisaa, yaa warra rabbitti kafare, mee naa odessaa .

فَارُونِي

*Waan, wanni rabbin tayin , kan isin rabbi achitti rabbi godhattanii, gabbartan , uumte ,na garsiisaa?

مَا ذَا خَلَقَ الَّذِينَ مِنْ دُونِهِ

11} *Dhiisi, warri rabbitti waa qixxeessu jallina mul'ataa keessa jiranii, .

بَلِ الظَّالِمُونَ فِي ضَلَالٍ مُّبِينٍ ﴿١١﴾

*Qaalichi luqmaan je'amu tokkoof beekkomsa ija dubbi'ii hikmaa kenninee jirra inni

وَلَقَدْ ءَاتَيْنَا لُقْمَانَ الْحِكْمَةَ

zamana nabi daawuud duree jira inni dhufnaan itti amanee, beekkomsa dur-
aan qaburratti kan biraa nabi daawuudirraa barate, kan san dura nabi ayu-
ubirraa barate, rabbiin akki je'e:

*Wanni luqmaanin jenne: waan siif kenne-
ratti rabbiif galata galchi ,

أَنْ أَشْكُرَ لِلَّهِ

*Namni rabbiif galata galche ifumaaf gal-
ata galche sawaabni galata yookaa shukrii
isaa, isaaf deebi'aa, faydan isaa isaafii, rab-
biin nama galata isaa galcheef qananii bir-
aati kenna ,

وَمَنْ يَشْكُرْ فَإِنَّمَا يَشْكُرُ لِنَفْسِهِ

* Ammoo namni waan rabbiin isaaf kenne
morome, galata rabbi if galchuu dhiise tak-
kaa dide, ifuma hoongesse waan sawaaaba
galataa if dhoowwef faaydan rabbiifii mitii.

وَمَنْ كَفَرَ

*Rabbiin waan uume hundarraa dureessaa,

فَإِنَّ اللَّهَ عَنِّي

12} *Kan waan uume hundarratti, dalagaa
isaa hundarratti faarfamu .

حَمِيدٌ ﴿١٢﴾

*Gaafa luqmaan ilma isaatin, waan as de-
emu kana je'e isaa isa gorsu dubbadhu ,
ummata keetii odeessi , haa gorfamanii

وَإِذْ قَالَ لُقْمَانُ لِابْنِهِ ۖ وَهُوَ يَعِظُهُ ۖ

*Wanni luqmaan ilma isaatin gorse yaa il-
ma kiyya, rabbiif shariika hin godhin ,rab-
biin tokkichaa lama jechaa hin qabuu, wa-
an biraa isatti hin qindeessin takkaa hin qi-
xxeessin,

يَبْنِي ۖ لَا تَشْرِكْ بِاللَّهِ

13} *Rabbitti waa qixxeessun , fakkeessun
,dilii yookaa cubbuu guddo`oo , irra gud-

إِنَّ الشِّرْكَ لَظُلْمٌ عَظِيمٌ ﴿١٣﴾

doon dili'ii rabbiif hiriyaan godhu'uu, namni rabbiin ilma qaba je'e, takkaa na-mni rabbiin uume tokko, rabbi isa uumetti qixxaaye je'e, takkaa muka, tak-kaa sibiila, tokkoon, rabbi je'e gabbare, dhugumaan dilii fokkottu dalage, mee namni aylii qabu, akkamiin isa uumefii, waan inni uume, isa dalageefii, waan inni dalage wal qixxeessa?

*Rabbiin akki je'e: ilmoo namaatif, haadhaa abba'atti toluu dhaamnee jirra, waan isaa je'anii cinqii ba'ataniif jecha ,

وَوَصَّيْنَا الْإِنْسَانَ بِوَالِدَيْهِ

*Haati isaa, isa ba'atee jirti

حَمَلَتْهُ أُمُّهُ

*Laafina, laafinarratti da'ataaa cinqii ulfaa, cinqii ciniimmu'uu, cinqii dhalaa, cinqii ba'adhaa, cinqii guddisu'uu , kun hundi waan laafina laafinarratti, dhalaa dur-aanuu laafa'aatif ida'u, kan hanga guuftutti, ammallee eega guufte'ee isaan rakkattu

وَهَنَّا عَلَىٰ وَهْنٍ

*Ilmoo guusun bara lama keessatti,

وَفَصَّلَهُ فِي عَمَّيْنِ

*Wannin ilmoo namaatin jee , waanin ana si uumee garaa haatitee keessatti si tottooy-

أَن أَسْكُرَ لِي

adhee, nyaataa dhugaatii siif godhee, sitti bal'isee, eega dhalatteeyis waan ati itti haajamtu hunda, sii qopheessee garaa haadhaa abbaa keetii, sii laaffisee, sii joo'le'ee nama hunda siif naasise ... kana hunda laalii, galata naaf galchi, anumaatu waan san hunda siif godhee, ayliidhan an siif kenneen laalii, nama waan san siifhin godhin ibaaddu dhiisii anuma qofa ibaadi .

* Ammallee haadhaa abbaa keetif galata galchi waan isaan siif jecha waytii dheertuu rakkataniif jecha ,

وَلَوْلَا دَيْكَ

14} *Hundi keessan gara kiyaa deebitanii

إِلَى الْمَصِيرِ ﴿١٤﴾

*Yoo haadhaa abbaan kee si dirqan,

وَإِنْ جَاهِدَاكَ

* Jaatanii sitti godhanii, waa natti qixxeesu'utti si dirqqan, waan beekkomsa itti hin

عَلَىٰ أَنْ تَشْرِكَ بِي مَا لَيْسَ لَكَ بِهِ عِلْمٌ

qabne, kan ati rabbiin hiriyaan qabuu beytu .. rabbiin hiriyaan qaba kgiisan ilma isaati je'e, siin je'an, yoo namni nyaatee dhugu rabbi, yookaa ilma rabbiiti je'e siin je'an ,

*Dubbi isaanii hin dhagayin, isaanii jetteen kafarin,

فَلَا تَطِعْهُمَا

*Waan addunya'aa keessatti, nagayaan tolaan,wajji jiraadhu, nyaachisii, obaasii, uw-wisii,harkaa fuula itti toli

وَصَاحِبُهُمَا فِي الدُّنْيَا مَعْرُوفًا

* Ati jiruu tee keessatti , karaa nama qajee-

وَاتَّبَعَ سَبِيلَ مَنْ أَنَابَ إِلَيَّ

lee , gara kiyyadeebi'ee ,na ibaaduu deemi, karaa diinaa islaamaa deemi, amantii islaamaa , tan rabbiin tokko, isa kan waa hunda uurne, anb iyoonni rabbii hundi, gabroottan rabbiitii, obboleeyyanii, yaadu deemi,

*Eega addunyaa tana keessa hanga jiraattan jiraattanii, duutaniiti gara kiyya deebitanii, hundi keessan hama'aafii gaarin,

ثُمَّ إِلَىٰ مَرْجِعِكُمْ

15} *Duuba waan isin dalaydan isinitti od-essetan, irraa isin gaafadha je'e ,rabbiin dubbii luqmaanitti deebinee, gorsa ilma isaa itti fufee, akki je'een, ilmi isaa, yoon dilii dhoysa'aan da lage yoo jennaan .

فَأَنبِئُكُمْ بِمَا كُنتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿١٥﴾

*Yaa ilma kiyya: diliin ati dalaydu yoo hanga firii samaaficaa taatee,

يَبْنِيٰ إِنَّهَا إِن تَكُ مِثْقَالَ حَبَّةٍ مِّنْ خَرْدَلٍ

*Duuba firiin sun, dhagaa siidaa keessa jiraattee,

فَتَكُنْ فِي صَخْرَةٍ

*Takkaa samii torban keessa jiraattee,

أَوْ فِي السَّمَوَاتِ

*Takkaa dachii keessa ,jiraattee, bakka akkaan dhokhattu,

أَوْ فِي الْأَرْضِ

*Rabbiin waan ati dalayde san fideeti irraa si gaafataa, waa takka wanni namni dalagu, rabbirraa hin dhokhattu,

يَأْتِيهَا اللَّهُ

*Rabbiin kan waan dhokhate hunda akkaan beekhu,

إِنَّ اللَّهَ لَطِيفٌ

16} *Kan wahayyuu bakka isiin jirtu beekhu.

خَيْرٌ ﴿١٦﴾

*Yaa ilma kiyya: salaata salaati

يَبْنِيٰ أَقِمِ الصَّلَاةَ

*Waan gaari'itti nama gorsi

وَأْمُرْ بِالْمَعْرُوفِ

*Waan hamtu'urraa nama dhoowwi,

وَأَنه عَنِ الْمُنْكَرِ

*Balaa si tuyxe hudarratti obsi, namarraa si tuyxuu.rabbirraa sababaa malee, si tuyxuu, sawaabni nama obsa qabuu, asii asii mitii,

وَأَصْبِرْ عَلَىٰ مَا أَصَابَكَ

*Wanni itti si gorse sun

إِنَّ ذَلِكَ

17} *Dubbi jabbiduu itti jabaatun dirq-
amaatii.

مِنْ عَزْمِ الْأُمُورِ ﴿١٧﴾

*Fuula kee, mallaa tee, namarraa achin
qabatin, tuffii isaanitiif,

وَلَا تَصْعِرْ خَدَّكَ لِلنَّاسِ

*Boona'aa dachii tanarraa hin deemini

وَلَا تَمْشِ فِي الْأَرْضِ مَرَحًا

*Rabbiin, nama amna boonaa deemu

إِنَّ اللَّهَ لَا يُحِبُّ كُلَّ مُخْتَالٍ

18} *Kan waan qabuun namatti dhaadatu,
hin jaalatuu

فَخُورٍ ﴿١٨﴾

*Amna, yookaa adeemsa jiddu jireysaa de-
emi, siqu'uuffii ,ceyuu jidduu deemsi kee
haa tayuu,

وَأَقْصِدْ فِي مَشْيِكَ

*Qooqa tee gad qabadhu hoggaa haaso-
ytuuffii, kaanillee ,

وَأَغْضُضْ مِنْ صَوْتِكَ

19} *Irra fakkaattuun qooqaa, qooqa harre-

إِنَّ أَنْكَرَ الْأَصْوَاتِ لَصَوْتُ الْحَمِيرِ ﴿١٩﴾

eetii waan haajaa malee, hisaabarra ol fuudhuf takkaa daangaa malee iyyuuf,
bineensi iyyu hundi, haaja'arraa, yookaa rakko'orraa iyya, harree malee, iyy-
ansi waa hundaa tasbiihga kan harre'ee malee.

*Isin yaa warra dhagayu hin garree, hin be-
ynee,

الْمُتَرَوِّا

*Akka rabbiin isinii laaffisee itti Fayy-
adattan,

أَنَّ اللَّهَ سَخَّرَ لَكُمْ

*Waan samii keessa jiru: kan akka adu'uu ,
ji'aa, urji'ii , roobaa fa'atti ,

مَا فِي السَّمَوَاتِ

*Ammallee waan dachii keessa jiru kan ak-
ka midhaanii , waan mayru hundaa, lagoo-
taa, baharaa, waan akka bineensa alaa ,bin-
eensa manaa ammallee makgaadina {alb-
oodaa} faa ,

وَمَا فِي الْأَرْضِ

*Kan qananii isaa isinitti bal'ise,

وَأَسْبَغَ عَلَيْكُمْ نِعْمَهُ

*Nikgmaa mul'attu akka uumaa isin bar-
eechu'uu, qaama isin guutu'uu,

ظَهْرَهُ

*Ammallee qananii keessaa,tan akka bee-
kkomsaa,

وَبَاطِنَهُ

*Ilmaan namarraa

وَمِنَ النَّاسِ

*Nama diin rabbii keessatti namaan fala-
muutu jira,

مَنْ يُجَادِلُ فِي اللَّهِ

*Beekkomsaan male'etti, wallaalumaan
wajji,

بِغَيْرِ عِلْمٍ

*Ammallee qajeelloo ergamaan rabbi tok-
ko itti dhufeen male'etti,

وَلَا هُدًى

20} * Ammallee kitaaba Rabbiin buuse ib-
saa qabaatu'uun male'etti akkanumaan dii-
naa rabbii keessatti nama beekkutti falma.

وَلَا كِتَابٍ مُّنبِئٍ ﴿٢٠﴾

*Hoggaa jara akkasii saniin falmaa dhii-
sa'aa waan rabbiin buuse jala deemaa, hog-
gaa san waan diinan rabbii taye beytani j'e'-
ameen ,

وَإِذَا قِيلَ لَهُمُ اتَّبِعُوا مَا أَنْزَلَ اللَّهُ

*Lakkii waan Rabbiin buuse jala hin dee-
mnuu, waan abbootii teenya, irratti garre ja-
la deemnaa, je'an ... duuba rabbiin akki je'e:

قَالُوا بَلْ نَتَّبِعُ مَا وَجَدْنَا عَلَيْهِ آبَاءَنَا

21} *Si odoo sheyxaanni kan ibidda azaa-
batti isaan yaamullee tayeetaluma deem-
anii? waan inni itti yaamu dalagu'uun

أُولَئِكَ كَانَ الشَّيْطَانُ يَدْعُهُمْ إِلَىٰ عَذَابِ

السَّعِيرِ ﴿٢١﴾

*Namni fuula isaa rabbiif kenne waan inni
dalagi je'uun dalagee, waan inni dhiisi je'-
uundhiisu'uun,

وَمَنْ يُسَلِّمْ وَجْهَهُ إِلَى اللَّهِ

*Isaa rabbitti amanee dalagaa isaa tolchu,

هُوَ مُحْسِنٌ

*Dhugumaan haada jabaa cituu isaa hin
sodaanne qabate,

فَقَدْ اسْتَمْسَكَ بِالْعُرْوَةِ الْوُثْقَىٰ

22} *Wanni hundi booddee gara rabbiiti
deebiti.

وَالِ اللَّهِ عِزَّةُ الْأُمُورِ ﴿٢٢﴾

*Namni rabbii isaa morome, yookaa ka-
fare,

وَمَنْ كَفَرَ

*Kufriin isaanii sin yaachisin,

فَلَا يَحْزَنُكَ كُفْرُهُ

*Hundi isaanii gam keenya deebi'anii ,

إِلَيْنَا مَرْجِعُهُمْ

*Waan isaan dalagan, isaanii odeessineeti,
irra isaan gaafannaa, waa takka nurraan
dhokatuu,

فَنُنَبِّئُهُم بِمَا عَمِلُوا

23} * Rabbi in waan namni garaadhaa qabu beekhaa, akkuma waan biraa beekhu

إِنَّ اللَّهَ عَلِيمٌ بِذَاتِ الصُّدُورِ ﴿٢٣﴾

*Orma kuffaaraa san, waa xiqqo, hanga jiran, isaan qananiifnaa,

نَمْنَعُهُمْ قَلِيلًا

24} *Eega du'anii, aakhira' atti, azaaba jabaa ulfaataa , firdaa isaan seensifna kan bakka irra itti maqan hin qabne

ثُمَّ نَضْطَرُّهُمْ إِلَىٰ عَذَابٍ غَلِيظٍ ﴿٢٤﴾

*Yoonif orma kuffaaraa san, eenyu namni sami'ii dachii uume jettee gaafatte?

وَلَيْنَ سَأَلْتَهُمْ مِّنْ خَلْقِ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

*Rabbumaatu sami'ii dachii uume, je'an

لَيَقُولَنَّ اللَّهُ

*Duuba kanuma beytanii fudhattan galanni kan Rabbiiti jeri, ratta'amanii ,

قُلِ الْحَمْدُ لِلَّهِ

25} *Haa tayuu irra hedduduun isaanii , akka waan san yaadun. isaanirratti waajibaa, yookaa dirqama taye, hin beekhan.

بَلْ أَكْثَرُهُمْ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٢٥﴾

*Wanni sami'iifii dachii keessa jiru uuma'aafii . gabrumma'aafii. qabeenyalle'een, kan rabbiiti, isa mal ee narnni dachi'iifii samii keessatti gabbaruu haqa godhatu hin jiru,

لِلَّهِ مَا فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

*Rabbiin .isa kan waan uumetti hin haajamne, dureessi.

إِنَّ اللَّهَ هُوَ الْغَنِيُّ

26} *Kan waan dalagu hundarratti faarfamu.

الْحَمِيدُ ﴿٢٦﴾

*Odo wanni dachii keessa jiru,

وَلَوْ أَنَّمَا فِي الْأَرْضِ

*Kan akka mukaa, qalama tayee,

مِنْ شَجَرَةٍ أَقْلَمَ

*Baharri guddaan dachi'iin marsu, dibeeta tayee,

وَالْبَحْرِ

*Hoggaa baharri sun dhume baharri gurguddaan akka isa torba dhufee dibeeti tayee wanni rabbiin je'u katabarneenii, qalamni sun caccapheeti baharri sun goggogaa,

يَمُدُّهُ مِنْ بَعْدِهِ سَبْعَةُ أَمْجَالٍ

*Ammoo wanni rabbiin beekhu kan rabbiin

مَا نَفِدَتْ كَلِمَاتُ اللَّهِ

Rabbiin je'e qalamaafii dibeeta baharaa saniin katabamu'uun hin dhumtu, maalif mukaafii baharri waan likkii qabaati, ammoo wanni rabbiin bee khee dabarse waan likkiin qabne wanni jechi rabbi akeeku waan kata bame dhumuun hin mijjooyne,

*Rabbiin jabaa waa takka isa hin dadhabsiifne , hin injifanne,
27} *Kan waa takkalleen beekkomsaafii , hikmaa isarraa hin baane .

إِنَّ اللَّهَ عَزِيزٌ

حَكِيمٌ ﴿٢٧﴾

*Uumaa keessaniifii, eega duutanii qabriii

مَا خَلَقَكُمْ وَلَا بَعَثَكُمْ إِلَّا كَفَّيْسٍ وَاحِدَةٍ

isin kaasun akkuma lubbuu takkatti uumu'uuti ,takkaa kaasuu'uti waa takka isatti hin jabaatu maalif rabbiin hoggaa waa dalaguu fed he {tayi} waan san-iin je'aa, wanni sun numa taati, argamsiisuu taatuu , dhabamsiisuu taatuu.

*Rabbiin kan waan dhagayamu hunda dhagayu

إِنَّ اللَّهَ سَمِيعٌ

28} *Kan waan argamu hunda argu , kan waan kana arguun takkaa kana dhagayuun kaan argu'urraa takkaa dhagayu' urraa isa hin dhowwine.

بَصِيرٌ ﴿٢٨﴾

*Yaa namana hin beynee?

أَلَمْ تَرَ

* Akka rabbiin halkan guyyaa keessa seensisu saa'aa halkanii ir'isee guyya'atti ida'uudhan.

أَنَّ اللَّهَ يُوَلِّجُ اللَّيْلَ فِي النَّهَارِ

* Akka guyyaa halkan keessa seensisu , guyyaa gabaabsee halkan dheeressee

وَيُوَلِّجُ النَّهَارَ فِي اللَّيْلِ

*Kan adu'uufii ji'a namaa laafisee, akka itti fayyadaman godhe .

وَسَخَّرَ الشَّمْسَ وَالْقَمَرَ

*Adu'uufii, jiini, karaa rabbiin godheef keessa deeman , irraan maqanii

كُلٌّ يَجْرِي

*Hanga guyyaa qiyaama'atti, qiyaaman dhaabbatuu wanni beekhanniin, aduun if duuba deebitee gama dhiyaatin bayu' ,

إِلَىٰ أَجَلٍ مُّسَمًّى

29} *Ammallee akka Rabbiin waan isin dalaydan hunda beekhu hin beynee.

وَأَنَّ اللَّهَ بِمَا تَعْمَلُونَ خَبِيرٌ ﴿٢٩﴾

*Wanni waan nuti dalayne isinii dubbanneef, isin garsiifnef,

ذَٰلِكَ

* Akka Rabbiin haqaa, beytaniifi, kan tanaan dura hin dhabamin, kan ganalle dhabamuun hin taane, kan waan dubbanne san hunda uume , kan wanni hundi, isa guddisu'uu, isa kadhatuu, haqa godhatu,

بِأَنَّ اللَّهَ هُوَ الْحَقُّ

*Wanni kuffaarri rabbii achitti gabbaru ,
kan akka sanamaa, sheyxaanaa, jinni'ii , na-
maa, taabotaa,

وَأَنْ مَّيْدَعُونَ مِنْ دُونِهِ

*Waan kijibaa, tan dhabamtu , tan waan
dubbanerra waa takka uumuu hin dan de-
enye, kan yon rabbiin hin fedhin, waa tak-
ka nama godhuu, yookaa namaa godhuu
hin dandeenye ,

الْبَطْلُ

*Rabbiin kan waan isaan hin malle hun-
darraa ol taye,

وَأَنَّ اللَّهَ هُوَ الْعَلِيُّ

30} *Kan waan guutuu taye hundaan wass-
afamu, yookaa beekkame.

الْكَبِيرُ ﴿٣٠﴾

*Safiinaa, yookaa markaba, doonii, hin
agarre,

أَلَمْ تَرَ أَنَّ الْفُلْكَ

*Ta bahara keessa ceetu,

تَجْرِي فِي الْبَحْرِ

*Tola namaaf ooluu rabbiitin, kan bishaan
san uumee , qilleensa gad dhiise,

بِنِعْمَتِ اللَّهِ

*Ragaa dandeytii isaa isin garsiisu'uuf,

لِيُرِيَكُمْ مِنْ آيَاتِهِ

*Waan isiniif dubbanne keessa, gorsaatu
jira,

إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَاتٍ

*Warra rabbii je'ee obsuuf, dilii hundarraa,

لِكُلِّ صَبَّارٍ

31} *Kan rabbi if galata galchu.

شَكُورٍ ﴿٣١﴾

*Kuffaarri dooni'in bahara keessa deemu,
hoggaa {mowjin} yookaa danbaliin baha-
raa, ol kaatee isaanii ol dabartee itti marsite,

وَإِذَا غَشِيَهُمْ مَوَّجٌ

*Akka gaaratti gaadisa isaanirra qabde, irra
bu'uudhaa dhiyaattee, muddaman,

كَأَظْلَمٍ

*Rabbi kadhataniiti, yaa rabbi nu baasi
je'an,

دَعَا اللَّهَ

*Diin rabbiif , qulqulleessanii, Diin rabbiif
qulqulleessun, nama biraa isaan wajji yam-
matuu dhabuu, sanama hin yammatan akka
rabbi malee waa takka isaanii hin tarre be-
ekanii,

مُخْلِصِينَ لَهُ الَّذِينَ

*Duuba hoggaa rabbiin kadhaa isaanii qe-
ebaleefii, baharraa nagayaan lafatti isaan
buuse,

فَلَمَّا جَاءَهُمْ إِلَى الْبَرِّ

*Orma kuffaaraa sanirraa, warra baallama guutee amanuutu jira, ammoo gariin isaanii, kan kufrii yookaa moromaa isarratti hafetu jira,

فَمِنْهُمْ مُقْتَصِدٌ

*Mukgijizaa teenya, waan qananii teenya taye, namni moromu hin jiru .

وَمَا يَجْحَدُ بِآيَاتِنَا

*Yoo nama akkaan nama khadda'uu yookaa ganuu, heddommaatu taate malee,

إِلَّا كُلَّ خَسَارٍ

32} *Kan qananii rabbii moromuu heddommaatu ,

كُفُورٍ ﴿٣٢﴾

*Yaa ilmaan aadam ,

يَا أَيُّهَا النَّاسُ

*Rabbii keessan sodaadhaa , dubbii isaa dhagayaa,

اتَّقُوا رَبَّكُمْ

*Cinqii guyyaa tokko sodaadhaa,

وَأَخْشَوْا يَوْمًا

*Guyyaa abbaan ilmoo isaatii hin toille takkaa waan tarre

لَا يَجْزِي وَالِدٌ عَن وَلَدِهِ

*Guyyaa ilmoon isa keessa abbaaaf hin toille yookaa waan tarre, guyyaa san sodaadha'aa waan guyyaa san nagaya isinii baasu, kan akka wal fayyaddan isin go

وَلَا مَوْلُودٌ هُوَ جَارٍ عَن وَالِدِهِ شَيْئًا

gohu dalagadhaa, sun qalbii nagayaa, tan kufri'iifii, dili'irraa qulqullooyten, rabbii ifii argu'uu, akkuma rabbiin .

﴿٣٣﴾ يَوْمَ لَا يَنْفَعُ مَالٌ وَلَا بَنُونَ ﴿٣٤﴾ إِلَّا مَن آتَى اللَّهَ بِقَلْبٍ سَلِيمٍ ﴿٣٥﴾

je'e, gaafas mu'minni wal fayyada kaafira malee tanaaf nabi muhammad falimaa kufirraa sodaachise,

*Wa'adni yookaa baallamni Rabbii, kan qabri'iin isin kaasa, kan gaarii dalage jannatan seensisa, kan hamtuu dalage azaaban seensisa je'e haqaa waan dhufuun oollee

إِن وَعَدَ اللَّهُ حَقًّا

*Addunyaa islaamarraa isin daydee, aakhiraa'af dalagatuu, isi hin dhowwin,

فَلَا تَغْرَبَنَّكُمْ الْحَيَاةُ الدُّنْيَا

*Sababaa rabbiin isiniif obsee qaaxaruu isinii qabu'uutii je'ee, isin hin gowwomsin

وَلَا يَغْرَبَنَّكُمْ بِاللَّهِ

33} *Sheyxaanni .

الْغُرُورِ ﴿٣٣﴾

*Beekkomsa waytii qiyaaman dhaabbattuu rabbiitu qaba,

إِنَّ اللَّهَ عِنْدَهُ عِلْمُ السَّاعَةِ

*Rabbiin rooba waytii ifii beekhe roobsa takkaayuu buusa, bakka inni bu'uu isaa beeketti,

وَيُنزِلُ الْعَيْثَ

*Rabbiin waan garaa haadhaa gadaamessa keessajirudhiiramoo dhala'aa beekha odoon uumamin yookaa hin sawwaramin, waan sadeen kana rabbi malee namni biraa hin beekhu

وَيَعْلَمُ مَا فِي الْأَرْحَامِ

*Lubbuun takkalleen, waan boru dalaydu waan gaari'imoo, waan hamtu'uu hin beytu, kan san beekhu rabbi qofa kan nam tokko hin beysisin

وَمَا تَدْرِي نَفْسٌ مَّاذَا تَكْسِبُ غَدًا

*Lubbuun takkalleen dachii itti duutu, hin beytu, kan san beeku rabbii tokkicha, namni bakka itti awwaalaman beekhu,

وَمَا تَدْرِي نَفْسٌ بِأَيِّ أَرْضٍ تَمُوتُ

*Rabbiin kan waa hunda beekhu,

إِنَّ اللَّهَ عَلِيمٌ

34} *Kan waa hunda keessafii gubballee beekhu

خَيْرٌ ﴿٣٤﴾